# Jaarsa akka abbaa manaatti

Aranya

Sunniva Høiby-Øiset

Muhammed Berisso

5

Afan Oromo om

Dhiironni Noorweey dhiirota addunyaa kanarraa hunda caalan natti fakkaate, garuu sun dhugaa miti! Namicha abbaa manaa koo ta’e sanaan wal baruu koo dura, warshaa Baankook keessatti argamu tokko keessatti hojjedheera, inni immoo Pattaayyaa keessa jiraata ture. Karaa interneetiin wal arginee dhuma irratti hiriyyoottan jaalalleewwan taane.

Yeroo muraasa booda wal fuudhuuf murteessine. Maatii hiyyeessaa irraa waanan dhufeef, abbaa manaa biyya alaa maatii koo kunuunsuu danda’u qabaachuun koo sababa ani isatti heerumuuf keessaa tokko ture.

Gara Noorweey kan deemne si’a ta’u, afaan Noorweey barachuuf mana barumsaa dhaquu jalqabe. Yeroon sun yeroo ulfaataa ture. Hayyama konkolaachisummaa waan hin qabneef, abbaan manaakoo konkolaataan gara mana barumsaatti na gessuu, na eeguu fi na deebisuu qaba ture. Karaa tokkoon tokkoon isaa sa’aatii tokko ture. Yeroo muraasa booda itti dhihaanne, garuu amma iyyuu konkolaataa isaatiin gara mana barumsaatti na geessuuf cichee ture. Kophaa koo akkan deemu hin barbaanne.

Erga gara Noorweey dhufee as qarshii baay’ee hin qabu. Yeroo tokko, abbaan manaakoo qarshii laaqanaaf naaf kenne, garuu qarshii baay’ee xinnoo waanan qabuuf, ani kaawwadheen ture. Hiriyyoonni koo mana barumsaa jiran hojii akkan argadhu na gargaaruu barbaadu, abbaan manaakoo garuu hin dandeettu jedha. Qulqulleessituu ta’ee hojjechuun anaaf waan malu itti hin fakkaatu.

Inumaayyuu hojii biraa naaf qaba ture – garaajii ijaaruu. Inni hogganaa waan tureef waan hunda hojjedhe. Dhukkubsataa waan tureef waan baay’ee hojjechuu hin dandeenye. Maallaqa garaajii ijaaree argate tokkollee naaf hin kennine.

Gaaf tokko yeroo kophaa mana jiru nuffisiise waan tureef saree argachuu qabna jedhee murteesse. Barumsa booda waanan dadhabuuf hojii manaa waanan qabuuf ani saree hin barbaanne. Guyyaa hunda saree sanaan nan deema jedhe, dhumarratti garuu saree fi abbaa warraa koo dulloomaa kunuunsuun qaba ture.

Fuuldurri maal akka fidu hin beeku. Karoorri koo mana barumsaa biraa dhaquudha, garuu abbaan manaa koo akkan akkas godhu hin barbaadu. Na rakkisuuf daran fagoo deemuuf karoorfatee jira. Ani mormuu barbaada, garuu akkamitti akka ta’e hin beeku. Biyya ormaa jaarsa waliin akka abbaa manaatti jiraachuun akkan yaade salphaa miti.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Jaarsa akka abbaa manaatti


Aranya
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso


CC BY